IslamHouse.com



OROMO
OROMOO
أورومو

كيف نقرأ القرآن الكريم؟
مع بيان فضائل القرآن الكريم

# QUR’AANA AKKAMITTI QARAANA?

Qopheessaa
Shekh Jamaal Shekh Muhammad

OROMO
OROMOO
أورومو

# كيف نقرأ القرآن الكريم؟
## مع بيان فضائل القرآن الكريم

تأليف
الداعية جمال محمد أحمد

مركز أصول
Osoul Center
www.osoulcenter.com

أُعد هذا الكتاب وصمّم من قبل مركز أصول، وجميع الصور المستخدمة في التصميم يملك المركز حقوقها، وإن مركز أصول يتيح لكل مسلم طباعة الكتاب ونشره بأي وسيلة، بشرط الالتزام بالإشارة إلى المصدر، وعدم التغيير في النص، وفي حالة الطباعة يوصي المركز بالالتزام بمعاييره في جودة الطباعة.

+966 504 442 532
+966 11 445 4900
+966 11 497 0126
P.O.BOX 29465 Riyadh 11457
osoul@rabwah.com
www.osoulcenter.com




Bismillaahi Rrahmaani Rrahiim

# BAAFATA


| | | |
|---|---|---|
| 1 | duree | 9 |
| 2 | Darajaa (sadarkaa) qur'aanaa. | 11 |
| 3 | Darajaa warra qur'aana qara'anii | 14 |
| 4 | Akkaataa qaraatii qur'aanaa | 19 |
| 5 | Bakka harfiin itti jedhamtu (irraa baatu). | 25 |
| 6 | Xumura | 27 |

# DUREE

Qur’annii kun kitaaba kabajamaadha. kitaaba Rabbii kan boodaati. kan nabiyyicha quxisuu anbiyootaa tahe-nabii keenya Muhammad ﷺ irratti buufamee. Qur’aanni kun darajaan isaa haalaan guddaadha. Akkasuma barnoonni akkaataa qur’aana itti qara’anii TAJWIIDA jedhama. Isa kanas baranii qur’aana sirreessanii qara’uun dirqama muslimtoota hundaati. Namni tajwiida hinbeeyne qur’aana caccabsa, dogoggorsee qara’a kuni ammo diliidha. Sawaaba qaraatii qur’aanarratti argatanis nama hoongeessa. Kanaaf barruun kuni waayee akkaataa qaraatii qur’aanaa hanga tokko isin yaadachiisa. Barnoota guddaaf akka karaa isinii banu abdii qabna.

# DARAJAA (SADARKAA) QUR’AANAA

Guddina qur’aanaa irratti Rabbiin s.w. akkan jedhe-

﴿ إِنَّ هَٰذَا ٱلْقُرْءَانَ يَهْدِى لِلَّتِى هِىَ أَقْوَمُ وَيُبَشِّرُ ٱلْمُؤْمِنِينَ ٱلَّذِينَ يَعْمَلُونَ ٱلصَّٰلِحَٰتِ أَنَّ لَهُمْ أَجْرًا كَبِيرًا ﴾ [الإسراء: ٩]

“Dhugumatti, Qur’aanni kun (karaa) ishee irra haqaafi qajeeltuu taatetti ni qajeelcha. Mu’uminoota warra gaggaarii hojjatan dhugumatti mindaan guddaan isaaniif jiraachuudhaan gammachiisa.”

Rabbiin s.w. akkan jedhe-

﴿ٱللَّهُ نَزَّلَ أَحْسَنَ ٱلْحَدِيثِ كِتَٰبًا مُّتَشَٰبِهًا مَّثَانِىَ تَقْشَعِرُّ مِنْهُ جُلُودُ ٱلَّذِينَ يَخْشَوْنَ رَبَّهُمْ ثُمَّ تَلِينُ جُلُودُهُمْ وَقُلُوبُهُمْ إِلَىٰ ذِكْرِ ٱللَّهِ ۚ ذَٰلِكَ هُدَى ٱللَّهِ يَهْدِى بِهِۦ مَن يَشَآءُ ۚ وَمَن يُضْلِلِ ٱللَّهُ فَمَا لَهُۥ مِنْ هَادٍ ﴾ [الزمر: ٢٣]

“Rabbiin haasawa gaarii, kitaaba (miidhagina keessatti) wal fakkaatu, kan oduun isaa lama lamaan deemtu, kan isa irraa gogaan warra Gooftaa isaanii sodaatanii suukannooftu, ergasii gogaan isaaniitiifi onneen isaanii gara yaadannoo Rabbiitti laafu buusee jira. Kun qajeelfama Rabbiiti; isaan

nama fedhe qajeelcha. Nama Rabbiin jallise qajeelchaan isaaf hin jiru.”

Rabbiin s.w. akkan jedhe-

﴿كِتَٰبٌ أَنزَلْنَٰهُ إِلَيْكَ مُبَٰرَكٌ لِّيَدَّبَّرُوٓا۟ ءَايَٰتِهِۦ وَلِيَتَذَكَّرَ أُو۟لُوا۟ ٱلْأَلْبَٰبِ﴾ [ص: ٢٩]

“(Kun) kitaaba barakaa, akka isaan keeyyattoota isaa xiinxalaniifi akka warri sammuu qaban ittiin gorfamuuf jecha gara keetti isa buufneedha.”

Ammas Qur’aannarraa yommuu dubbatu Rabbiin s.w. akkana jedha.

﴿لَوْ أَنزَلْنَا هَٰذَا ٱلْقُرْءَانَ عَلَىٰ جَبَلٍ لَّرَأَيْتَهُۥ خَٰشِعًا مُّتَصَدِّعًا مِّنْ خَشْيَةِ ٱللَّهِ ۚ وَتِلْكَ ٱلْأَمْثَٰلُ نَضْرِبُهَا لِلنَّاسِ لَعَلَّهُمْ يَتَفَكَّرُونَ﴾ [الحشر: ٢١]

“Odoo Qur’aana kana gaara irratti buufnee, silaa sodaa Rabbii irraa ka’ee kan inni xinnaatee dhodhooyu argita ture. Fakkeenyota kana akka isaan xiinxalaniif jecha namootaaf taasifna.”

﴿وَيَوْمَ نَبْعَثُ فِى كُلِّ أُمَّةٍ شَهِيدًا عَلَيْهِم مِّنْ أَنفُسِهِمْ ۖ وَجِئْنَا بِكَ شَهِيدًا عَلَىٰ هَٰٓؤُلَآءِ ۚ وَنَزَّلْنَا عَلَيْكَ ٱلْكِتَٰبَ تِبْيَٰنًا لِّكُلِّ شَىْءٍ وَهُدًى وَرَحْمَةً وَبُشْرَىٰ لِلْمُسْلِمِينَ﴾

[النحل: ٨٩]

“Guyyaa Nuti ummata hunda keessatti lubbuma isaanii irraa ragaa isaan irratti baafnuufi sis (yaa Muhammad SAW!) isaan kana irratti ragaa goonee si fidnu [yaadadhu]. Waan hunda addeessuuf jecha, Muslimootaaf qajeeluma,





rahmataafi gammachuu goonee Kitaaba (Qur’aana) sirratti buufne.”

وروى الحاكم عن عبدالله بن مسعود ﷺ قال قال رسول الله ﷺ: «إن هذ القرآن مأدبة الله فاقبلو من مأدبته مااستطعتم، إن هذ القرآن حبل الله المتين، والنور المبين، والشفاء الناجع، عصمة لمن تمسك به، ونجاة لمن اتبعه....». الحديث.

Abdallaah ibnu mas’uud irraa Nabiin ﷺ akkana jedhan jedhe. “qur’aanni kuni afeerraa Rabbiiti Rabbirraa afeeraa isaa qeebalaa hanga dandeessan. Ammas Qur’aanni haada Rabbii jabaa ka nama qabateen hincinneedha. Ifaa mul’ataadha. Dawaa fayyisaadha. Tika nama isa qabateef. Nagaya bahiinsa nama isajala deemeef…” Haakimtu odeesse.

Qur’aannii seera Rabbii kan yeroo hundaafii bakka hundaatti ittiin buluuf mijjaawaa taheedha. kan ittiin murteysuufii murteyfachuun dirqama taheedha. Qur’aanni ifaadha qajeelchaadha, Rahmata mu’imintootaati, Dawaa fayyisaa rakkoo qoma keysaati. Fayyisaa dhukkubaat.

hayyuun faransaayi kan D/r moris jedhamu qur’aanarraa dubbatee akki jedhe “inni burqaa bekkomsaati hayyootaaf, galmee lugaati hayyoota afaaniitiif, bu’ura nahwiiti nama arraba isaa sirreysuuf, madda seeraati qorattoota seeraafi heeraatif. kitaabonni isa dura buufame cinaa irra gabaabaa suuraa isaatti hinqixxaatu tolina hiikkaatiifiibareedomina jechootaatiinis ‘’Qur’aanni kun Waggaa (23) keysatti Nabii keenyarratti ﷺ buufame. (umrii40-63) buufamee xumurame. Buufamiinsi isaa goda hiraa’i kan gaaraa nur mataa gubbatti

argamu keysatti Nabirratti ﷺ jalqabame. “Iqra’i bismi Rabbika” jechuudha.

Baatii Ramadaana Halkan laylatulqadrii keysatti buufame. Qur’aanni kun  xumurri buufamiinsa isaa aayata “alyawma akmaltu lakum diinakum...” jedhu kan guyyaa arafaa 9/12/10H/ dirree arafaatti buufameedha. Nabii keenya ﷺ kan hajjii dhaammannaadhaa (hajjatal wadaai) godhaa jiran. Qur’aanni kun kan kitaabban isa dura buufaman hunda shaaree bakka bu’e irratti oltahe dha. Qur’aanni kalaama Rabbiiti isumaatu dubbate. Uumamaa miti akka kanatti dhugaoomsuun hundee dhaabbata aqiidaa islaamaati. namni kana morme nikafara. tanaaf gareen jalloon akka ahbaash faan qur’aanni jecha rabbiitii miti jechuudhaan kafaranii jiran.tanaaf isaan kaafira, muslimaa miti.



# DARAJAA WARRA QARA’ANA QARA’ANII

Fadlii Qaraatii qur’aanaa (Baruufii walbarsiisuu).Ambayyoo! Hundi keysan Qur’aana Rabbii kana baradhaa, walbarsiisaa, warraaf ilmaan keysanis barsiisaa, kan bartan qaraatii isaa heddummeysaa.osoo Qu’aanarraa waa hinqaraane ooltanii hinbulinaa.waan dandeysaan haffazaa. tafsiiraa (hiikkaa isaatis) baradhaa, Ammas quraana kana itti amanaa, jaaladhaa, jaladeemaa,itti hojjadha, irratti jiraadha.  Qaraatiin qur’aanaa fadlii guddaa qabdi.Kanarratti hadiisoowwan itti aanu kana hubaachuun gayaadha

روى مسلم في صحيحه من حديث عَنْ أَبِي هُرَيْرَةَ رضي الله عنه قَالَ: قَالَ رَسُولُ اللَّهِ ﷺ:

«وَمَا اجْتَمَعَ قَوْمٌ فِي بَيْتٍ مِنْ بُيُوتِ اللَّهِ يَتْلُونَ كِتَابَ اللَّهِ وَيَتَدَارَسُونَهُ بَيْنَهُمْ إِلَّا نَزَلَتْ عَلَيْهِمُ السَّكِينَةُ وَغَشِيَتْهُمُ الرَّحْمَةُ وَحَفَّتْهُمُ الْمَلَائِكَةُ وَذَكَرَهُمُ اللَّهُ فِيمَنْ عِنْدَهُ».

Hadiisatti nabiin ﷺ akkana jedhan “warri gandaa mana manneen Rabbii irraa tahe (masgiida) tokko kaeysatti walitti qabamanii, qur’aana Rabbii gamtaan qaraanaan, irratti walsirreysinaan- tolli Rabbii isaanirratti buutu malee hinhafan, rahmanni isaan hagooydu malee, malaykaan

isaan simattu (marsitu) malee, Rabbiin warra isa biratti tahan (maleykota) keysatti isaan faarsu malee hinhafan.”

«من قراء حرفا من كتاب الله فله حسنة والحسنة بعشر أمثالها . لا أقول الف لام ميم حرف ولكن الف حرف ولام حرف وميم حرف».

Nabiin ﷺ akkana jedhe- “Namni harfii takka kitaaba rabbiirraa qara’e toltuu takkaatu isaaf taha, toltuun fakkaattuu isii kudhaniin heddummeyfamteti galata galfamti,alif laam miim harfii takka hinjedhu,(walirratti harfii 1 hinsehinaa) alif harfii takka laam harfii takka miim harfii takka malee.”

«إقرئوا القرآن فإنه يأتي شفيعا لأصحابه يوم القيامة».

Nabiin ﷺ akkana jedhe- “Qur’aana qara’aa inni guyyaa qiyaamaa gabrichaaf (nama isa qara’eef) araarsaa taheeti dhufaa.”

وروى البخاري عَنْ عُثْمَانَ رضي الله عنه : عَنْ النَّبِيِّ ﷺ قَالَ: «خَيْرُكُمْ مَنْ تَعَلَّمَ الْقُرْآنَ وَعَلَّمَهُ».

Nabiin ﷺ akkana jedhe- “Caalaan keysan nama qur’aana baratee barsiise.” Hadiisoowwan birootis hedduudha guddina sadarkaa nama qur’aana qarauu kan ibsan. Tanaaf dhiiraa dubartiin xiqqaaf guddaan ka’aa qur’aana haabarannuu,warri beeynu kaanee haabarsiisnuu.

وروى البخاري عَنْ عَائِشَةَ رضي الله عنها عَنْ النَّبِيِّ ﷺ قَالَ: «مَثَلُ الَّذِي يَقْرَأُ الْقُرْآنَ وَهُوَ حَافِظٌ لَهُ مَعَ السَّفَرَةِ الْكِرَامِ الْبَرَرَةِ وَمَثَلُ الَّذِي يَقْرَأُ وَهُوَ يَتَعَاهَدُهُ وَهُوَ عَلَيْهِ شَدِيدٌ فَلَهُ أَجْرَانِ».





Aisharraa odeeffamee nabiin ﷺ akkana jedhan jette. “namtichaan qur’aana qara’u isa haffazee hangafoota malaaykaa wajjiin taha. Ammo ka osomaa isa dhibee itti ulfaatuu irratti jajjabaatee qaraee bare galata lama qaba.”

عَنْ عَبْدِاللَّه بْنِ عَمْرٍو رضي الله عنه عَنْ النَّبِيِّ ﷺ قَالَ: «يُقَالُ لِصَاحِبِ الْقُرْآنِ: اقْرَأْ وَارْقَ وَرَتِّلْ كَمَا كُنْتَ تُرَتِّلُ فِي الدُّنْيَا فَإِنَّ مَنْزِلَتَكَ عِنْدَ آخِرِ آيَةٍ تَقْرَؤُهَا».

Abdillaah binu umar r.a. nabiin ﷺ akkana jedhan jedhe “nama qur’aanaatiin nijedhama akkuma adduniyatti qaraatutti tolchii qar’aa olkori qal’aa jannataarra, manni kee bakka aayata booda qaraatuutti tahaadhaa.”

# AKKAATAA QARAATII QUR’AANAA

Qur’aana Rabbii kana baradhaa, walbarsiisaa, warraaf ilmaan keysanis barsiisaa, kan bartan qaraatii isaa heddummeysaa.osoo Qu’aanarraa waa hinqaraane ooltanii hinbulinaa.waan dandeysaan haffazaa. tafsiiraa (hiikkaa isaatis)baradhaa, Ammas quraana kana itti amanaa, jaaladhaa, jaladeemaa,itti hojjadha, irratti jiraadha. Qaraatiin qur’aanaa fadlii guddaa qabdi.Kanarratti hadiisoowwan dabran san hubaachuun gayaadha

Tajwiida jechuun gosa barnootaa kan akkaataa qaraatii qur’aanaa nama barsiisu jechaadha. muslima hundarratti qur’aana tolchanii qara’uun dirqama. RABBIIN s.w,akkana jedha

﴿وَرَتِّلِ ٱلْقُرْءَانَ تَرْتِيلًا﴾ [المزمل: ٤]

“quraana tolchii qarai qaraiinsa.” suuraa muzammil. Nabiin keenyas ﷺ akki jedhan

قال رسول الله ﷺ: «رب قارىء للقرآن والقرآن يلعنه».

“namni hedduun jiraachuun nimala-kan qur’aana barachuu dhabee caccabsee qara’u- kan qur’aanni isa abaaru”.

Tanaaf barnoonni tajwiidaa kun haalaan jabadha. mee isarraa qabxiilee ijoo tahan afaan keenyatti hiikkaa gonee dhiheysina. dubbisaa baradhaa walbarsiisaa. Rabbii s.w. warra qur’aanaan milkaaye nuufii isinis haa taasisu.

**Akkaataa tanwiinaafii nuun saakinah itti qara’amu.**

Tanwiinaafii nuun saakinaan gosa afuritti qara’ama. isaanis **izhaar, idgam, iqlaab, ikhfaai,**

الإظهار، الإدغام، الإقلاب، والإخفاء

jedhaman.

isaan hundinuu harfiiwwan mataa isaanii kan irratti dhufan qaban.

01 **Izhaar-** Izhaar jechuun mul’isuu jechuudha. sagalee nuun saakinah (irra butaa) fi tanwinaa mul’isuu jechuudha. harfiiwwan isaa jaha. Isaanis **alif hamza, hai, HAI, eyni, gheyni, khai**

(أ - ح - هـ - ع - غ - خ)

fakkenyaf

مَنْ آمن – رسولٌ أمين
إنْ هو – جرفٍ هار
مَنْ علم – سميعٌ عليم
مَنْ حسنة – عليمٌ حكيم
مَنْ غل – عزيزٌ غفور
مَنْ خير – قومٌ خصمون





02 **Idghaam-** jechuun dhooysuu jechuudha. sawtiin nuun saakinaafii tajwiidaa harfii itti aantu keysatti dhokachuu jechuudha. harfiiwwan isaa jaha. Isaanis **yaa, raa, miim, laam, waaw, nuun.**

(ي - ن - م - و - ل - ر)

fakenyaaf-

أن يَّقولوا – لقوم يُّؤمنون
من مَّلجإ – هدى مِّن ربهم
من وَّراءهم – هدى وَّرحمة
إن نَّقول – حطة نَّغفر لكم
يبين لَّنا – هدى لِّلمتقين
من رَّبهم – غفور رَّحيم.

03 **Iqlaab-** jechuun jirjiiruu jechuudha.sawtii nuun saakinaafii tanwiinaa miimitti jirjiiruu jechuudha. harfiin isaa tokkoma. Sunis

**(Baai)** (ب)

Fakkenyaaf

مِنْ بَعدهم – سميعٌ بصير

04 **Ikhfaa’a-** jechuun dhooysiinsa xiqqaa dhooysuu, sawtii nuun saakinaatiifii tanwiinaa san dhooysuudha. harfiin isaa kudha shan (15) kanneeen hafan hunda.

(ص - ذ - ث - ك - ج - ش - ق - س - د - ط - ز - ف - ت - ض - ظ)

**Saad - Zaal - Saai - Kaaf - Jiim - Shiin - Qaaf - Siin - Daal - Xaai - Zaay - Faa - Taa - Daad - Zaa’i**

Fakkenyaaf

عن صلاتهم – قوما صالحين

05 **Maddii (harkisaa) fii qooda isaa.** maddiin gosalamattiqoodamti.

sunis maddii asliyyii (harkisaa bu'uraa) fi maddii far'iyyii (harkisaa damee) jedhaman.

06 **Almaddu xxabii'iyyi (harkisaa bu'uraa).** Tun harkisaa isiin malee harfiin dhaabbachuu hin dandeenye dha. isiin harfiiwwan (3) tanarratti argamti. alif, waaw, yaa'i, ulaagaan isiitis alif fathaa boodaan, yaa'i kasraa boodaan, waaw dammaa boodaan itti aananii dhufuudha, jechi (نوحيها) jedhu hundaawu walitti qabata.

07 **Almaddu alfar'iyyii** (harkisaa damee). tun harkisaa bu'uraa malee jiru jechuudha. bakka heddutti qoodama.

08 **Almaddul waajibul muttasil.** (harkisaa dheertuu dirqamaa) kunis bakkiti isaa yeroo maddii xabii'iyyii tti aanee hamzaan kalimaa takka keysatti dhufe, harkisaan isaatis sekondii 2.5 taha. Fakkeenyaaf

جاء – سوء – سيء

09 **Almaddul jaaizul munfasil** (harkisaa dheertuu dirqama hintahin) kana jechuun maddii bu'uraa sanitti aanee hamzaan dhufuudha garuu kalimaa biroo keysatti tahuudha, harkisaan isaa second (1) irraa hanga (2.5) Fakkenyaaf.

يآ أيها الذين آمنوا – وقوا أنفسكم

10 **Almaddu al Aarid lissukuun (harkisaa** dhaabaa biratti tahe). kunis maddii xabii'iyyiitti harfii aanturratti waqfii (dhaabaan) yoo taateedha. harkisaan isii second (2.5), Fakkenyaaf..

إن الله شديد العقاب – خالدون – خبير


11 **Almaddul laazimul musaqqalul kalimiyyi** (harkisaa idilee jecha jabaataa). kana jechuun maddii xabii'iyyii itti aanee harfiin jabeyfamaan (shaddii) qabu itti aanee kalimuma tokko keysatti dhufuudha. harkifamni isaas sekondii 3 taha . fakk

ولا الضالين – والصاخة – والطامة

**maddiileen hangafoonni hedduminaan** qur'aana keysatti dhufan kanneen dubbanne kana. gosti maddiilee biroo kan hafanis nijiru,

# BAKKA HARFIIN ITTI JEDHAMTU (IRRAA BAATU)

Baakkiti harfiin irraa baatu kudha torba. Bakka shanitti qoodama.




**01 Kokkee (Aljawfi)**

(أ – و – ي)

**02 Laagaa (Alhalqi)**

- moggaa laagaa gama garaa aanu (ء – هـ)
- walqixa laagaa (ع – ح)
- fiixa laagaa (غ – خ)

**03 Arraba (Allisaan)**

- Moggaa arrabaa gama kokkeetti (ق – ك)
- walqixa arrabaa (ج – ش – ي)
- duuyda arrabaa (ت – ط – د – ث – ظ – ذ)
- fiixa arrabaa (ن – ر)
- mataa arrabaa (ز – س – ص)
- moggaa arrabaa (ض – ل)

**04 Hidhii lameen (Ashafataan)**

- hidhii lameen jidduu (ب – م – و)
- hidhii jalaa ilkee gubbaatiin wajji (ف)

**05 Funyaan keessa (Alkheyshuum)**

- م ن مشددة

| المخرج العام | عدد مخارجه | المخرج الخاص | الحروف |
|---|---|---|---|
| الحلق | ١ | أقصى الحلق، أي آخره من جهة الصدر | ء – هـ |
| | ٢ | وسط الحلق | ع – ح |
| | ٣ | أدنى الحلق، أي أقربه إلى الفم | غ – خ |





| | | | |
|---|---|---|---|
| اللسان | ١ | أقصى اللسان قريبًا من الحلق | ق |
| | ٢ | أقصى اللسان قريبًا من جهة الفم | ك |
| | ٣ | وسط اللسان | ج – ش – ي |
| | ٤ | ظهر اللسان مع أصول الثنايا العليا | ت – ط – د |
| | ٥ | ظهر اللسان مع رؤوس الثنايا العليا | ث – ظ – ذ |
| | ٦ | طرف اللسان مع رؤوس الثنايا العليا | ن |
| | ٧ | طرف اللسان مع أصول الثنايا العليا قريبًا من الظهر | ر |
| | ٨ | رأس اللسان مع أصول الثنايا | ز – ص – س |
| | ٩ | حافة اللسان أي جانبه مع التصاقه بما يحاذيه من الأضراس العليا | ض |
| | ١٠ | حافة اللسان أي جانبه مع التصاقه بما يحاذيه من الأضراس الأسنان | ل |
| الشفتان | ١ | ما بين الشفتين | ب – م – و |
| | ٢ | الشفة السفلى مع رؤوس الثنايا العليا | ف |
| الجوف | ١ | الجوف | أ – و – ي |
| الأنف | ١ | الخيشوم | الغنة |

## XUMURA

Barruun gabaabaan QUR'AANA AKKAMITTI QARAANA? Jedhu sadarkaa qur'aanaatiifii barnoota tajwiidaa ibsee jira. Barnoota guutuu osoo hintahin akka yaadachiisaatti hanga tokko barattootaafii dubbistoota niyaadachiisa. Kitaabban tajwiidaa kan biraa dubbisuun ulamaa'irraa baruun waan kitaaba kanarraa hafe itti guuttachuu barbaachisa. Akka qabxii irraa ka'iinsaa isiniif tahu abdii qabna. Rabbi nuufii isinis haafayyadu jenna.

Wasallillaahumma wasallim alaa nabiyyinaa muhammd wa'alaa aalihii wasahbihii ajma'iin.

IslamHouse.com

IslamHouseOr IslamHouseOR/ islamhouse.com/or/

IslamHouseOr/

For more details visit
www.GuideToIslam.com

GUIDE TO ISLAM

contact us :Books@guidetoislam.com

GuidetoIslam.org Guidetoislam1 Guidetoislam www.Guidetoislam.com

المكتب التعاوني للدعوة وتوعية الجاليات بالربوة
هاتف: ٩٦٦١١٤٤٥٤٩٠٠+ فاكس: ٩٦٦١١٤٩٧٠١٢٦+ ص ب: ٢٩٤٦٥ الرياض: ١١٤٥٧
ISLAMIC PROPAGATION OFFICE IN RABWAH
P.O.BOX 29465 RIYADH 11457 TEL: +966 11 4454900 FAX: +966 11 4970126